inni guyyuma tokkollee yaa Rabbii koo guyyaa mindaa sanatti badiiwwan koo naaf dhiisi hin jenne

Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- ni jette: Yaa Ergamaa Rabbiin jedhe: Ibnu juda'aan jaahiliyyummaa keessatti kan firooma fufuu (maxxanfatuu) fi rakkataa nyaachisu ta'e, wanti sun isa ni fayyadaa?, isaanis ni jedhan: "isa hin fayyadu, inni guyyuma tokkollee yaa Rabbii koo guyyaa mindaa sanatti badiiwwan koo naaf dhiisi hin jenne".

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Abdullaah ibnu jud'aan kan islaamummaan duratti dureewwan qurayshii irraa ture irraa dubbatan, Hojiiwwan isaa gaggaarii keessaa: firoottan isaa fufuun tolas isaanitti oola, rakkataas ni nyaachisa, wontoota gaggaarii islaamummaan isii hojjachuutti kakaase biroos ni hojjata ture, garuu hojiiwwan isaa kun Aakhiraatti isa hin fayyaddu; sunis sababaa inni Rabbitti kafaree fi guyyaa tokkollee yaa Rabbii koo guyyaa mindaa sanatti badiiwwan koo naaf dhiisi hin jedhiniif jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65009